

ABBAA
JIFAAR
Leenca Jimmaa
Abdussalaam Idriisin

✪ Abbaa Jifaar Abbaa Gomol Abbaa Booqaa(Muhammad Daawuud Alii)

✪ **Abbaa Jifaar Bara 1853** (A,L,H) Dhalan Maqaan A\Jifaar Kan Durii *Tulluu* Yoo Ta'u .Booda Garuu Akkuma Aadaa Naannootti A\Jifaar A\Gomol Jedhamanii Waamaman.Maqaan Qondaalummaa Isaanii Gama Islaamummaatiin Sulxaan Jedhama.

✪ Ahmaddiin Jabal Kitaaba Isaa *"Soostuu Atsewochinnaa Yeitiyoophian Muslimooch"*Jedhamu Keessatti A\Jifaar Maqaan Isaanii Kan Durii *Muhammad Jedhama*.Haati Isaanii *Haliimaa Anshaa Yoo Taatu Abbaan Isaanii Daawuud Alii*(A\Gomol A\Booqaa) Jedhamu.

✪ Muhammad Daawuud *Ji'a Rabii'ul Awwal 12 Bara 1281(A.L.Hijraatti)Hagayya 15 Bara (1864 A.L.A)* Dhalan Maqaan Islaamummaa Muhammad Haa Ta'u Malee Akka Aadaa

Oromootti “Tulluu”Jedhamanii Moggaafaman.

- Abaabayyuun Isaanii Bara 1830 Irraa Hanga 1854 Jimmaa Bulchan, A\Jifaar Waan Ta’aniif Isaanillee Maqaa Abaabayyuu Isaaniitiin A\Jifaar Jedhamanii Mootii Jimmaa Ta’uun Mootummaa Qabatan.

- Muddee Bara 1881 Waraanni Minilik Kan Goobanaa Daacceen Hoogganamu Jimmaa Seene. A\Jifaarii Wajjin Walii Galtee Taasise, Walii Galteenis Akkana Jedha:-

- Dhimma Bulchiinsa Jimmaa Keessa Minilik Akka Hin Seenne
- Biyya Jimmaa Keessatti Bataskaanni Akka Hin Ijaaramne
- Waraanni Minilik Jimmaa Akka Hin Qubanne
- A\Jifaar Waggaa Waggaatti Minilikiif Gibira Akka Kaffan.
- Minilik Taaytaa Mootii A\Jifaariif Akka Kennu,

- Ahmaddiin Jabal-A\Fooggii A\Jifaar Hajjii Gochuuf Makkaa Deemanii Yeroo Deebi'an Muslimoonni Hajjiif Gara Makkaa Deeman Eddoo Aduu Fi Rooba Jalaa Itti Da'oo Godhatan Dhabuu Irraa Kan Ka'e Rakinni Guddaan Akka Qunnamu A\Jifaaritti Himan,

- A\Jifaarillee Mana Tokko Makkaatti Ijaaruuf Karoorfatan,Wggaa 3 Erga Mallaqa Walittii Qabanii Boda Nama 12 Sa'uudiitti Ergan,Namoonni Ergamanis Makkaatti Lafa Bitanii Gamoo Tokko Maarti Reezaan 75,000n Naannoo Bara 1900 Tti Jechuun Barreessee Jira,

- A\Jifaar Minilikii Wajjin Osoo Lolaan Walitti Hin Bu'in Mirga Ummata Isaanii Eegsisanii Jiru.

- A\Jifaar Bara 1880 Tti Minilikiin Akka Gabbaran Walii Galteen Haaluma Uumameen Waggaatti Qr,200,000, Gabbaraa Turan

- A\Jifaar Namoonni Biyya Kanarraa Hajjiif Gara Makkaa ,Sa'uud Arabiyaa Deeman Akka Hin Rakkanneeef Akkanuma Ijoolleen Isaanii Achitti Yeroo Baratan Galaa Akka Hin Dhabneef Jecha Magaalaa Makkaa Keessatti Mana(Gamoo)Tokko Ijaaranii Faaydaa Ummataatiif Olchanii Jiru,

- Waytii Ammaa Kana Garuu Manni Seena-Qabeessi Sun Masjida Guddaa "Harama"Dmakkaa Biratti Kaluu (Dhihoo) Waan Ta'eefmootummaan Sa'uudii Diigee Haramni Akka Bal'atu Yoo Ta'u Maatii A\Jifaariif Ammoo Iddoo Biraatti Gamoo Guddaa Ijaaree Bakka Buuseefi Jira,

- Haaluma A\Jifaar(Waqfii) Kennaniin Namni Lammii Itiyoophiyaa Ta'e Kamiyyuu Hajjiif Makkaa Yennaa Deeman Hanga Hajjii Geeffatee Gara Biyyaa Deebi'utti Kaffaltii Tokko Malee Gamoo Kana Kssa Hanga Ammaa Akka Jiraatan Ni Beekama,

- A\Jifaar Dhalatanii Waggaa 72 Tti Bara 1925 A,L,H Du'anii Magaalaa Jimmaa Afoo Ganda Jireen Keessa "Masjida Afurtamaa" Jedhamutti Awwaalaman,

- Ahmaddiin Jabal Akka Barreessetti A\Jifaar Roobii Fulbaana Bara 1934 A,L,A Jimaada-Saanii 10 Bara 1353 A,L,Hijraattiumrii Isaanii 73 Du'aan Boqatan rabbi ija rahmataatiin isaan haa ilaalu.

Seenaan abbaa jifaar gabaabinaan kana fakkaata barruu kana irratti yaada fi komii yoo qabaattan 0905550014